



Gahee Dubartootni Oromoo Sirna Gadaa Keessatti Qaban

Aliimaa Jibriil Huseen

Muummee Afaaniifi Ogbarruu Oromoo, Yuunvarsitii Wallaggaa, L.S.P. 395, Naqamtee, Itoophiyaa

Axereraa	Article Information
<p><i>Kaayyoon qorannoo kanaa 'Gahee Dubartootni Oromoo Sirna Gadaa Keessatti Qaban Xiinxaluu' ta'ee ka'umsi qorannichaa ilaalcha namootni qooda dubartootni sirna Gadaa keessatti qaban muraasa akka ta'e ykn akka hinjirretti kaasan ragaan deeggaruun faallesuudha. Qorannichi kan gaggeeffame mala qorannoo akkamtaan yoo ta'u saxaxi isaammoo qorannoo ibsaadha. Ragaaleen qorannichaaf barbaachisan iddattoota mala iddatteessuu akkayyoofi darbaa dabarsaan adda kan ba'an ogeeyyota aadaafi manguddootarraa funaanamaniiru. Meeshaaleen funaansa ragaaleef hojiirra oolan afgaaffii, marii gareefi sakatta'aa dokumentii ta'anii ragaaleen funaanaman kunneen akkaataa qabiyyeen qoqqoodamanii qaaceffamaniiru. Haaluma kanaan, argannoon qorannichaas, Sirna Gadaa Oromoo keessatti dubartootni iddoo olaanaafi gahee guddaa kan qaban ta'uu adda ba'eera. Hirmaannaa dubartootaa kannen calqisiisan keessaa tokko dubartootni seera qabeessummaafi qajeelummaan bulchiinsa Abbaa Gadaa hordofuu isaaniti. Sirnoota ciccimoo sirna Gadaa jalatti dubartootaan raawwataman isaan ijoon: siiqqee, ateetee, qanafaafi caaccuudha. Akkasumas, gahee dubartootni gama siyaasaafi naga buusuu, rakkina hawaasa keessatti uumame, kan Abbaan Gadaa furuu dadhabe ykn humna Abbaa Gadaatii ol ta'e, haati Siiqqee ykn haati manaa Abbaa Gadaa, siiqqee ishee qabachuun rakkina sana furuu; bulchiinsaaf abbaa gadaa qopheessuu; gama hawaasummaa, diinagdeefi waaqeffannaa keessatti hirmaannaa kan qabanidha. Gama biraatiin, dhimmootni kabajni dubartootaa keessatti calaqqisan: dubbiin dubartootaa fudhatama kan qabu ta'uu; dubartoota dura malkaa kan hince'amne ta'uu; deessuu goota deessu ta'uu; hojii humnaafi ciccimaa kan hinhojjechiifamne ta'uufi dubartootni yeroo jilaa uwwisaa kan qaban ta'uun ibsameera. Kana malees, dubartootni uumaatti dhihoo kan jiran waan ta'aniif kadhannaan isaanii kan dhaga'amu ta'uu hubatameera. Kanaaf, ga'ee dubartootni sirna gadaa keessatti qaban daran olaanaa waan ta'eef kunuunsuun dhaloota dhufuuf dabarsuun barbaachisaadha.</i></p>	<p>Article History: Received: 01-10-2024 Revised: 15-10-2024 Accepted: 20-11-2024</p> <p>Jechoota Ijoo: Sirna, Gadaa, Siiqqee, Ateetee, Caaccuu,</p> <p>*Qorataa Muummee: Aliimaa Jibriil</p> <p>E-mail: alimajibril@gmail.com</p>

1. Seensa

Uummatni Oromoo uummata saboota Itiyoo piyaa keessa jiraatan keessaa saba danuu maatii hortee Kuush keessatti ramadamuufi uummata Afaan Oromoo dubbatudha. Duulaa, (2017), Melba (1998) wabeeffachuun yoo ibsu Oromoon hortee Kuush kan gaanfa afriikaa keessa jiraatuufi saba guddaa Itiyoo piyaa keessatti argamudha jedha. Oromoon baroota durii kaasee saba falaasama mataa isaa kalaqatee sirna gadaan wal bulchuun jiruuf jireenya isaa geggeeffataa turedha. Oromoon sirna waaqeffannaa, safuufi safeeffannaa, akkaataa uffannaa, soorataa ykn nyaataa gosa adda addaa qaba. Oromoon kabajaafi sodaa Waaqaatiin waan jiraatuuf jireenya waliinii keessatti waan raawwatu mara akkaataa sirna Gadaafi aadaasaatiin ilaala. Walkabajuun, hangafummaa eegee jiraachuun, sadarkaalee hawwaasaa hundaatti Oromoo biratti bakka guddaa kan qabudha (Alamaayyoo, 2007). Akkasumas, Filee (2017), Lewis (1994) wabeeffachuun yoo ibsu, “The Oromoo, being naturalist believe in Waaqaa, the only and the creator of all things,” jedha. Akka yaada kanaatti, Oromoon amantii mataasaa kan qabu, Waaqa tokkicha isa uumaa waan hundaa ta’etti kan amanu ta’uu ibsa.

Uummatni Oromoo aadaa, duudhaafi safuu mataasaa kan qabuufi akka Afriikaatti uummata sirna ittiin bulmaata dimokiraatawaa

ta’e, akka addunyaatti dinqisiifannaa argate, qabudha. Dirribii (2009, f. 207) yaada kana yoo cimsu, "Gadaan sirna ittiin bulmaata dimokiraatawaa ta’ee kan beektota seenaafi saayinsii hawaasaa hedduudhaan ‘ajaa’iba’ jedhamee ragaan bahameefidha. Sirna ittiin bulmaataa uummata Oromooti" jedha. Yaadni kun kan ibsu, Gadaan sirna dimokiraatawaa uummatni Oromoo ittiin of bulchaa ture, sirna bulmaataa gaarii ta’eefi ajaa’ibsiifamu ta’uu isaati.

Uummatni Oromoo aadaafi duudhaa mataasaa kan qabuufi sirna Gadaatiin kan ofbulchuu yoo jennu akkuma bulchiinsa mootummaa kamiyyuu heera keeyyata keeyyataan qoodamee, dameelee hawaasaa kamiyyuu of keessatti haammatee, seeraan walbuchu san haala barreeffamaan taa’uu baatus heeraafi seera mataa isaa qaba. Heera isaa keessattis dhimmoota adda addaa, mirgaafi kabaja, dirqamaafi itti gaafatamummaa, qooda hojii dameelee adda addaa kan ilaaluufi iddoo heeraaf bitamuun hinjirreetti seeraan adabamuun akka jiru ibsa. Kanaaf, ragaa bahuu kan danda’u Gadaan jaarmiyaa abbaa seeraa, abbaa alangaa, abbaa murtii, jilba, torbii, siinqee, ateeteefi kkf qabaachuu isaati. Sirni Gadaa sirna dimokiraasii kan qaamolee seeraa adda addaa dhimma adda addaa irratti hiraamaatanii, seeraaf dhaabbatanii biyya

Aliimaa J.

bulchan kun yeroo dheeraan dura kan ture ta'uu isaati.

Gadaan waan jiruufi jireenyi Oromoo gama maraan keessatti mul'atu, seera Oromoon ittiin bulee walbulchudha. Yaada kana Toleeraafi kanneen biroo (1995, f. 57) yommuu ibsan, "Sirni Gadaa sirna seera Oromoon ittiin walbuchu; kan duulee ittiin roorroo ofirraa ittisu; kan dinagdee isaa ittin guddifatu; akkaataa inni ittiin waliin jiraatuufi kan hawwiin dhala Oromoo cufaa ittiin guutamuufi jireenyaafi jabina Oromoo kan guddise jaarmiyaa dimookiraasiiti" jedhu.

Sirna siyaasaafi bulchiinsa Gadaa Oromoo keessatti namni hunduu sadarkaa umuriinsaa eeyyamu eegalee, gaheefi dirqama ba'uu qabu qaba. Gadamojjirra kan hafe sadarkaa umurii hundarra kan jiran qooda hawwaasummaa bahan qabu. Umurii sirrii keessatti dhalachuun gadaan akka itti fufuufi akka addaan hincinne ijaaruma sadarkaafi dhalootaa eeguu keessatti barbaachisoodha. Sheekkoofi afoola uummatasaanii barachuu eegalanii, bushaa'eefi jabbilee tiksuun hanga adamoo eegalanitti shaakala barnoota hawaasummaa qabu.

Gadaan Oromoo gaafa tumamuu eegalee seera uumama maraaf qooda qabu, dhala namaafi lubbu-qabeeyyii hundaafuu seera cimaa

Joornaalii Dilbii, Adoolessaa-Mudde 2024, 2(2), 1-16

dinqisiisaa ta'e tumedha. Kanaaf, sirni Gadaa seera ittiin bulmaata uummata Oromoo ta'uu bira darbee lubbu-qabeeyyii biroof seera kan tume ta'uu isaati. Kana malees, sirni Gadaa waan waaqni uume maraaf ilaalcha qixa qabaachuudha (Dirribii, 2012, f. 125).

Uummatni Oromoo bulchiinsa Sirna Gadaa keessatti dubbartootaaf iddoo guddaa kennaa akka ture barreessitootni garaagaraa ibsaniiru. Dubartootni akkuma warra dhiiraa gahee mataa isaanii qabu. Yaada kana Dirribiin (2012, f. 120) yoo ibsu, "...hayyichi alangeen yoo muru, bakkichi bokkuun yoo muru, dubartiin immoo siiqqeen murti..." jedha. Kana jechuun dubartootni aangoof gahee mataa isaanii akka qabaatan ibsa jechuudha.

Sirna Gadaa keessatti dubartootni Oromoo akkuma aangoofi gahee mataa isaanii qaban, kabajaafi ulfinas qabu. Yaada kana Dirribiin (2009:160), yoo ibsu, "Seenaan hanga ammaatti beeku keessatti, uummata akka Oromootti dubartiidhaaf kabaja kennu hinbeeku" jedha. Kana jechuun dubartootnin Oromoo biratti jaalatamoofi kabaja addaa qabu jechuudha.

Uummatni Oromoo sirna bulchiinsa Gadaa keessatti akkuma dhiironni bokkuu qabatani, dubartootnis siinqee qabatani siyaasa keessatti yookaan nagaa buusuu keessaatti ga'ee guddaa akka qaban yookaan walqixxuummaan

Aliimaa J.

dhiirummaafi dubartummaan akka jiru ofirra darbee addumyaa kanaafillee bu'uura ta'ee jira. Darbee darbee garuu dubartoota akka waan dadhabduufi wallaalaatti warren ilaalanis nijiru. Kunimmoo, garaagarummaa dhiibbaa dhiiraafi dubartoota gidduu jiru hambisuun hawwwasa keessatti koorniyaan karaa walqixa ta'eefi haqa qabeessa ta'een hojiirra akka oolu gochuudha.

Haalli qabatamaan tureefi aadaan biyyoota addunyaa baayyeen akka ibsanitti, dubartootni hawaasa keessatti tuffatamaa akka turan, waan baayyeen akka daangeffaman; soorataan, hiree hojiitiin, hariiroofi walitti dhufeenya maatii keessatti qabaniin kan adda qoodaman ta'uusaati. Haala Kanaan osoo jiruu, gaaffiin walqixxummaa dubartootaa, addunyaa irratti hanga jaarraa 19ffaatti xiyyeeffannaa utuu hinargatiin akka ture seenaan ragaa baha. Sirni Sadaa garuu mirga dubartootaa eegsisuu keessatti seerri siiqqee ragaa baha. Yaada kana Dirribiin, (2009:154) yoo cimsu, "Siiqqeen seera garaagaraa kan mirga dubartii kabachiisuuf bahan mul'isuufi dhugoomsuuf oolti", jedha.

Dubartiin dhaloota itti fufsiisuu keessatti gahee ol'aanaa qabdi. Goota, beekaa-beektuu, ogeessa- Ogeettii Beektuu, ...kan deessu dubartiidha. Kana malees, safuu hawaasaafi seera Waaqa kabachiisuu keessatti dubartiin

Joornaalii Dilbii, Adoolessaa-Mudde 2024, 2(2), 1-16

bakka guddaa waan qabduuf sirna Gadaa keessatti kabajni dubartootaaf kennamu ol'aanaadha.ⁱ Oromoon kabajaafi ulfina qabaniif afoola garaagaraatiin faarsaas turaniiru.

Oromoon kabajaafi ulfina dubartootaaf qaban keessumaa dubartii deessee dhaloota itti fufsiistu jaju. Dhimmoota Oromoon Gidduu-galeessa taasisachuun dubartoota jaju keessaa tokko dubartiin ilma deessu dubartoota hundarra jaalalaafi kabaja qabachuushee kan ibsudha. Haalli kunis dhiiraafi dubra gidduutti qoodinsaafi walcaalamaa uumuuf osoo hintaane, yeroo walaloon kun kalaqametti haala qabatamaa yeroo sanaa, baay'achuu waldhabdeefi waraanni waan hedduummatuuf ilma duulee diina biyyarraa ittisu argachuu sanatu irra caalaa kan madaala kaasuufi kana ibsuufis kan jedhame akka ta'e hubachuun barbaachisadha (Darajjee, 2017).

Sirni Gadaa karaa sirna siiqqee dubartootaaf aangoofi mirga olaanaa kennuurra darbee karaa isaan maalummaa isaanii ibsatanudha. Siiqqeedhaan walqabatee, ga'een dubartootni sirnicha keessatti qaban isa olaanaadha. Yaada kana Yoomiyyuu, (2015, f. 52) yoo ibsu, "Aadaa sirna bulchiinsa Oromoo keessatti Sirni Gadaa bakka olaanaa akkuma qabu sirni siiqqee dubartootaas ga'ee mataa isaa nitaphata" jedha. Akkasumas, dubartootni

Aliimaa J.

ateeteedhaanis hirmaannaa akka qaban Kuween (2008) yeroo ibsitu “Ateeteen dhaabbata barbaachisoo dubartootaa keessaa tokko akka ta’eefi kan dubartootni gammachuufi badhaadhina kadhatanidha” jetti.

Dabalataan Kuween (2008) ga’ee dubartootaa yoo ibsitu, “The authority women have is ending conflict or war between different clans or with other ethnic groups,” jetti. Yaadi kunis kan ibsu, aangoon dubartootni qaban walddhabdeefi waraana gosa yookaan lammiilee gidduutti uumame dhaabuu akka ta’e hubanna.

Gama biraatiin dubartootni dhimmoota hawaasummaafi araara addaa addaa keessatti ga’ee guddaa qabu. Yaada kana, Endalkachew (2018, f. 9), yoo ibsu;

Based on the oral traditions among Oromo if social problems such as drought, famine, lack of rain, infertility, disease, political instability and war occurred, Women march to a nearby riverbank and they pray to Waaqa (God) by raising up their Siiqqee which symbolizes women pray to Waaq. When they get answers to their prayers from Waaqa (God), they give thanks to him by putting their Siiqqee on the ground.

Yaadni armaan olii kanarraa akkuma hubachuun danda’amu, rakkoowwan hawaasummaa addaa addaa kanneen akka gogiinsaa, beelaa, bonni dheerachuu, dhala dhabuu, dhibeefi waraanni hamaa yoo uumame, dubartootni siiqqee qabatanii

Joornaalii Dilbii, Adoolessaa-Mudde 2024, 2(2), 1-16

malkaatti ba’anii Waaqa kadhatu. Yeroo Waaqa kadhatanii irraa argatanis ykn kadhaan isaanii deebii argatu, siiqqee isaanii lafa kaa’anii Waaqaaf galata galchu. Siinqeen kun ammoo mallattoo aangoo dubartootaati. Yaada kana irraa kan hubannu, dubartootni sirna Gadaa keessatti rakkoowwan mudataniif Waaqa kadhachuun furmaata akka kennanidha.

Sirni Gadaa Oromoo sirna bal’aa diinagdee, siyaasa, hawaasummaa, amantii, walumaagalatti sirna jiruufi jireenyi Oromoo keessatti bakka guddaa qabudha. Sirni Gadaa sirna namni kamuu ga’eefi aangoo isaa keessatti beekke qooda isaa ba’udha. Sirna dhiirriifi dhalaan keessatti walqixxumaan jiraataniifi ga’ee isaanis guddaadha. Haata’u malee, yeroo garaagaraa sirna Gadaa keessatti dubartootni akka ga’ee hinqabnetti yeroo hubatamu nijira. Sirni Gadaa dhiirota qofaaf mirgaafi aangoo akka kennuufi dhimmoota hawaasummaa, siyaasaa, bulchiisa sirna Gadaa keessattis akka hinhirmaanneefi akka waan Gadaan ga’ee isaan dhorkateetti yaadama. Kun ilaalcha dogoggoraa ta’uu mirkaneessuuf qorannoo kaanaafis ka’umsa kan ta’e ilaalcha namoonni dubartootni aangoo, mirga, walqixxummaa hirmaannaa diinagdee, siyaasaafi hawaasummaa hinqaban jedhu faallessuun dhugaa sirna kanaa baasuun kaayyoo qorannoo kanaati.

Aliimaa J.

Gama biraatiin, Gadaan Oromoo dhugaan isaa qoratamee bifa barreeffamaan dhalootaa akka darbu gochuun kaayyoo qorannoo kanaa kan biraadha. Hanga Jaarraa 19ffaatti aadaan biyyoota addunyaa hedduu keessa jiru akka ibsutti, dubartootni hawaasa keessatti tuffatamaa akka turan, waan baayyeen akka daangeffaman; soorataan, hiree hojiitiin, hariiroofi walitti dhufeenya maatii keessatti qabaniin kan qoodaman ta'uusaati.

Kunimmoo qorattootni garaagaraa akka dhiibbaan addunyaarra jiru sun Sirni Gadaa keessatti dubartootni akka ga'ee hinqabnetti akka hubatan shoora guddaa taphateera. Dhiirota qofaaf mirgaafi aangoo akka kennuufi dhimmoota hawaasummaa, siyaasaa, bulchiisa sirna Gadaa keessattis akka hinhirmaanneefi akka waan Gadaan ga'ee isaan dhorkateetti yaadama. Kun ilaalcha dogoggoraa ta'uu mirkaneessuuf qorannoo kaanaafis ka'umsa ta'ee jira. Kanaaf, xiyyeeffannoon qorannoo kanaa inni guddaan 'Gahee Dubartootni Sirna Gadaa Keessatti qaban xiinxaluu' kan jedhudha.

2. Kaayyoolee Qorannichaa

1. Walqixxummaa koornayaa sirna Gadaa keessa jiru adda baasuu.
2. Aangoo dubartootni sirna Gadaa keessatti qaban ibsuu.

Joornaalii Dilbii, Adoolessaa-Mudde 2024, 2(2), 1-16

3. Hirmaannaan dubartootni dinagdee, siyaasaafi hawaasummaa keessatti qaban addeessuu.

3. Malleen Qorannichaa

Qorannoon kun mala qorannoo akkamtaatti fayyadamuun kan gaggeeffame yoo ta'u, sababni malli kun itti filatameefis ragaalee xiinxaluuf mijataa waan ta'uufi. Ragaaleen afgaaffii, marii gareefi sakatta'a dookumantiin argaman bal'inaafi gadi fageenyaan bifa addeessuun qaaceffamaniiru. Maddi ragaalee akka madda ragaa tokkoffaa ta'uun kan filataman namoota kallattiin waa'ee gahee dubartoota Oromoo sirna Gadaa sirriitti beeku jedhee amanedha. Madda raga lammaffaatiin ammoo wantoota mataduree kanaan walqabatanii akka madda odeeffannootti fayyadan sakatta'uufi xiinxaluun kan argamedha.

Qorannoo kana gaggeessuuf iddattoon dhimma itti ba'ame iddatteessuu mit-carraa yoo ta'u mala iddatteessuu mit-carraa keessaa mala akkayyoofi darbaa dabarsaatti gargaaramuun, namoota kaayyoo qorannichaa galmaan ga'uu danda'an, waa'ee aadaafi duudhaa sirna Gadaafi gahee dubartootni sirna Gadaa keessatti qabanirraa ragaaleen funaanamaniiru. Kanaafuu, qorannoo kana keessatti manguddoota aadaafi duudhaa hawaasichaa beekan, haadholii siiqqee, beera kalaaleefi

Aliimaa J.

hayyoota keessaa filachuun hanga ragaaleen gahaan funaanameera.

Qorannoon akkamtaa dhugaa hawaasa keessa jiru bira ga'uuf malleen funaansa ragaalee afgaaffii, marii gareefi sakatta'a dookumantiitti gargaaramuudhaan ragaaleen walitti qabamaniiru. Meeshaan funaansa ragaalee hojiirra oole kan biraan mariin garee yoo ta'u odeef-kennitoota gareen qooduun mariisisuun kan dhimma itti ba'amedha. Mala kanaan ragaaleen gadi-fageenya qabaniifi qorannichaaf daran murteessoo ta'an funaanamaniiru. Malli funaansa ragaalee inni dhumaa sakatta'a ragaalee barreeffamaa yoo ta'u malli funaansa ragaalee kun adeemsa qorannoo geggeessuu tokko keessatti tooftaa qorannoon sun fudhatamummaafi dhugummaa isaa mirkaneeffachuuf kitaabilee garaagaraa, galmeefi barreeffamoota bifa adda addaatiin barreeffamanii kaa'aman sakatta'uun qorannicha cimsuuf kan gargaarudha. Haaluma kanaan, qorannoo kana keessatti sakatta'a dookumantii gaggeessuudhaan odeeffannoon sassaabameera. Ragaaleen karaalee sadan kanneen funaanaman mala akkamtaan qaaceffamanii gadi-fageenyaan xiinxalamuun hiikni itti kennamee jira.

4. Xiinxala Ragaalee

Dubartootni sirna Gadaa keessatti gahee garaagaraa kan qaban yoo ta'u, akkaataa

Joornaalii Dilbii, Adoolessaa-Mudde 2024, 2(2), 1-16

umriifi caasaa sirna Gadaatiin gahee qooddatan qabu. Kunis akkaataa tumaa Sirna Gadaatiin dubartootni kan hirmaatan ta'uu ragaalee maddeen garaagaraarraa argaman ni'ibsu. Ragaaleen kunneen hedduu yoo ta'anis gahee dubartootni Sirna Gadaa keessatti qaban olaanaa ta'uu isaa ragaaleen karaa garaagaraa manguddootaafi hayyoota aadaa addaarraa funaanamanii qaaceffaman ni'ibsu. Akkaataa ragaaleen qaaceffaman ibsanitti, gahee dubartootni qaban sadarkaa umrii isaaniin kan ibsamu yoo ta'u isaanis akka asiin gadiitti ibsamu.

4.1 Guduruu

Akka ragaaleen karaa afgaaffiifi marii garee funaanaman ibsanitti, qaamolee hawaasaa keessaa kanneen Sirna Gadaa keessatti qooda qaban keessaa dubartootni qaama tokkodha. Dubartootni sirna Gadaa keessatti gahee garaagaraa kan qaban yoo ta'u, akkaataa umriifi caasaa sirna Gadaatiin gaheewwan qooddatan qabu. Kunis akkaataa tuma Sirna Gadaatiin dubartootni kan hirmaatan ta'uu ragaalee maddeen garaagaraarraa argaman ni'ibsu.

Sadarkaa sirna Gadaa keessatti dubbartootni hirmaatan keessaa inni jalqabaa Guduruu yoo ta'u umrii waggaa (0-8) keessa jiran kan ilaallatudha. Akka hirmaattotni afgaaffiifi marii garee ibsanitti, Guduruun ijoollee

Aliimaa J.

shamarranii cubbuufi waan safuu kamirraayyuu bilisa ta'anidha. Daa'imman kunniin sammuun isaanii qulqulluu akka waaqaa akka ta'aniifi daba kan hinbeekne; qajeelummaafi garraamummaadhaan kan beekamanidha. Kana malees, umrii kanatti hinsobani; hinhatan; dubbatanii nama hinmadeessan; raawwatanii hinhaalani. Akkasumas lagu kan hinargine waan ta'aniif, Waaqaafi nama fuulduratti fudhatama argatu. Daa'imman sadarkaa kanarra jiran egereen isaanii yeroo kanatti bocama. Ijaarsa isaan har'a ijaaramantu borii isaanii murteessa jechuudha. Gaheen isaan bahan kunis Waaqaafi lafa araarsu; Waaqaafi nama araarsu. Araara keessatti dura deemu. Kanaafuu, Sirna Gadaa keessatti durbi duudaan, akkuma garee hawaasa biroo, gaheen isaan qaban olaanaadha jechuudha. Walumaagalatti, Guduruun qulqulluu ta'uufi warra qulqulluu bakka qulqulluutti kan waamaman akka ta'aniifi umurii qajeelummaa ta'uu mul'isa.

4.2 Durba Qarree

Sadarkaan inni lammaffaa dubartootni sirna Gadaa keessatti hirmaatan Durba Qarreeda. Akka ragaaleen marii gareefi afgaaffiin argaman ibsanitti, Durbi Qarreen durba ija halagaa guutte waan hamaafi gaarii adda baastee beektuufi qarree heeruma geessedha. Ragaaleen marii gareen funaanaman akka

Joornaalii Dilbii, Adoolessaa-Mudde 2024, 2(2), 1-16

ibsanitti, durbi qarree safuufi safeeffannaa adda baastee kan beektuufi eenyummaa ishee eeggattee qulqullinaan kan jiraattudha. Akka Abbaan Gadaa afgaaffii keessatti hirmaate ibsanittis, durbi qarreen yeroo kanatti ogummaa jireenyaa garaagaraa yeroo itti shaakalan yoo ta'u ogummaawwan nyaata qopheessuu, mana hogganuu, ogummaa harkaa adda addaa kanneen akka hodhaa hodhuu, fo'aa fo'uufi nageenya maatii eeguu keessatti hirmaatu. Umriin kun yeroo itti qajeelfamni, gorsiifi adabbiin hangafootaafi maatii sirriitti kennamuuf waan ta'eef gorsa kenneef fudhachuun hojiirra oolchuun gahee isaaniiti.

Sirna Gadaa keessatti gahee durbi qarreen qabdu keessaa tokko guyyaa Gadaa bulfatan durbi qarree shan dhiyaachuun jifuu guutuu akka taasisan hirmaattotni marii garee ibsaniiru. Shamarran kun qananii foolleen qabu hunda kan qabaniifi bulchiinsa sirna gadaa irratti barnootni foolleedhaaf kennamu qarreedhaafis akka kennamu ni'addeessu. Haala kanaan olguddattoota waa'ee sirna gadaa barsiisaa deemuun dhalootaaf galaa kaa'uu keessatti faayidaan inni qabu olaanaadha. Kana malees, durba qarreefi durba duudaa dhiyeessuudhaan araara Waaqaafi lafaa, akkasumas Waaqaafi namaa ittiin akka kadhatan hirmaattotni marii garee addeessaniiru. Araara Waaqaafi lafaa jechuun

Aliimaa J.

yoo namni safuu cabse Waaqni fuula namarraa garagalchatedha. Yeroo waaqni fuula lafarraa garagalchatemmoo balaa adda addaatu lafarratti uumama. Balaa gahu kana hambisuuf immoo hawaasni Oromoo akka sirna Gadaatti garee hawaasaa keessaa ijoollee guduruu, durba qarree, beera kalaalee, beera cifreefi kkf fayyadamuun waaqaafi lafa araarsu. Kunimmoo kan agarsiisuu dubartootni Sirna Gadaa keessatti bakka guddaafi shoorra cimaa akka qaban raga mullisudha.

4.3 Haadha Siiqqee

Akka Abbaan Gadaa afgaaffii keessatti hirmaate ibsetti, Haadha siiqqee jechuun dubartii heerumtee bultii ijaarratte, kan seera hundaa guutteefti guutameefi kan abbaa mana gadaa qabachiistedha. Sadarkaan kun sadarkaa umrii darban duraa caalaa itti gaafatamummaan guddaan kan irra jiruufi umrii itti isheen jireenyaaf obsa horattudha. Sadarkaan kun yeroo itti abbaan warraashee dhimma biyyaatiif oliifi gadi deemu waan ta'eef itti gaafatamummaa hoggansa qe'eefi maatii baatudha. Kana jechuun bakka abbaa warraa bu'uudhaan dhimmoota inni qe'eetti raawwatu hunda raawwatti jechuudha.

Yaada oliirraa hubachuun akka danda'amu, haati siiqqee seera kan qabduufi ofii isheefis kan waan seeraa guuttu ta'uu agarsiisa. Kana malees, sadarkaa itti gaafatamummaa guddaa

Joornaalii Dilbii, Adoolessaa-Mudde 2024, 2(2), 1-16

baatuufi aangoo olaanaa qabaaatee sadarkaa bu'aa bahii jireenyaa hedduu itti agartudha. Yaaduma kana deeggaruun, hirmaattotni marii garee akka ibsanitti, haati siiqqee jila addaa addaa abbaa manaa isheetti dhufu qophii garaagaraa qopheessuun akka simattu ibsaniiru. Akkasumas, gaafa abbaa warraan ishee buttaa qalee luboomu jifuu qopheessitee oofkalchiti; malkaa waliin buutee galti; foolleef keessummaa noorsisti. Siinnee qabatee isa waliin lafa jilaa deemtee rakkoo furtee galti.

Siiqqeen mallattoo ulfinaafi aangoo dubartummaa yoo ta'u aangoo mirga dubartootaa kabachiisuu qofa osoo hintaane, calaqqee itti fufinsa hormaataas akka ta'e hirmaattotni marii garee ibsaniiru. Siiqqee yeroo ayyaana irreechaa, yeroo dubartootni ateetee facaafatan, dubartii maseentuuf Maaramiin kadhataniifi yeroo hongeen dheeratuufi caamsaan hammaatu Waaqa kadhaachuuf kan dubartootni itti fayyadaman akka ta'es addeessaniiru.

Kana malees, dhimmi guddaan haadhooliin Siiqqee siiqqeetti fayyadamaniif, yeroo wal-dhabdeen hawaasa gidduutti uumamuun seerri Waaqaafi safuun hawaasaa cabu siiqqeen humna isaanii mul'suun walhdadee uumame keessatti qooda fudhachuun araaraa buusuuf kan fayyadaman ta'uu isaati. Akkasumas,

Aliimaa J.

seera Waaqaafi safuu hawaasaa eeguun humna isaanii mull'satu. Haala kanaas, iyya siiqqeen wal waamuun hanga godaansa siiqqeetti dubartootni aangoo siiqqee mul'isuun itti fayyadamuu.

Akka odeefkennitootni qorannoofi sakatta'aa dokimentiin adda addaa ibsanitti, akka aadaafi duudhaa uummata Oromootti, dubartootni siyaasa keessatti iddoo ol aanaa qabu: nageenya mirkaneessuu keessatti, yeroo waraanni adda addaa banamu siinqee qabatani gidduu seenuudhaan lubbuun akka hindabarre taasisu. Siiqqeen jaarmiyaalee sirni Gadaa ijaare keessaa tokko ta'uun jaarmiyaa humnaafi mirga dubartootaa wajjin hidhannoo guddaa qabudha. Akkuma horooroo fi bokkuun aangoo fi humna Abbaa Gadaafi Abbaa Bokkuu ibsan siiqqeenis ulfina aangoo fi humna dubartootaa hagam akka tahe ibsu kan dandahudha.

Walumaagalatti, seenaafi ka'umsi siiqqee yeroo akkasii jedhamee beekamuu baatuuyuu, jalqaba maatii tokko keessatti jiru yoo fudhanne garuu siiqqeen guyyaa gaa'elashee hintala heerumtuuf kan haadha deesseen kennamu ta'uu hayyootni aadaa afaaffiifi marii garee keessatti hirmaatan ibsaniiru. Kennaan kunis yaadannoo haadhasheefi mallattoo hormaataa akka ta'e hirmaatotni qorannoo ibsaniiru. Kana malees, milkii

Joornaalii Dilbii, Adoolessaa-Mudde 2024, 2(2), 1-16

qabeenyaafi jireenya gaariifi mirga qabeenyashee ittiin foohattuufi mirga qabeenyashee ittiin mulliftu; kan hammeenya dhiiraa ittiin ofirraa to'attu; kan mirgashee ittiin eegsifattu akka ta'e ragaaleen funaanaman ni'ibsu. Gama biraan, siiqqeen ulee jilaati; guyyaa sirni buttaa kabajamuufi ayyaanota akka irreechaa, gubbisaa, guddisaa kabajaman kan dubartootaan qabatamudha. Alamaayoo (2006) yaada olii deeggaruun yoo ibsu, guyyoota warri dhiira horooroo qabatani jilaaf socho'an beerri/dubartootnis siiqqee qabatani wajjin sochoo'u. Kanaafuu ulfinni, bokkuu, kallachaafi caaccuuf kennamu siiqqeefis haaluma kanaan kan kennamudha jechuun hirmaatotni qorannichaa addeessaniiru. Gama biraatiin ulfinni siiqqee ulfina haati qabduun kan madaalamu waan taheef seera ikkeefi safuu sirna Gadaa dubartiif kennuun kan murtii seeraa qabdu akka ta'e abbootiin Gadaa afaaffii keessatti hirmaatan ibsaniiru. Kana malees, akka aadaa Oromootti, abbootiin duulaa gara waraanaatti yeroo socho'an siiqqee jala hulluuqanii ofkaltiin deemu. Kanaafuu, siiqqeen bakkee walitti bu'insiifi hammeenyi jirutti akkuma bokkuu sodaa tokko malee lola jidduu seenuudhaan gochi hammeenyaa akka hinraawwanne daangaa ta'uun walitti bu'iinsi akka dhaabbatu godhu. Yaada kana hirmaattuun afaaffii tokko akkas jechuun ibsiti:

Aliimaa J.

Dubartootni siiqqee qabatanii yeroo manaa yaa'an jechuun maatiin hunduu beeloftee jechuudha, Jabbileen saawwan bira hingeessu; namni mana keessa daa'ima nyaata biilcheessu hinjiru. Kan hojiitti bobba'uuf nyaata kan qopheessu hinjiru. Sochiifi jiruun mana keessaa hunduu nidhaabbata. Kanaafuu, jaarsoliifi hayyoonni warri bokkuufi abbootiin Gadaa waltajjii sanarratti ariitiin argamuun dubartoota maddii dhaabbatu. Rakkina jiru qoratanii warra wal-lolan lamaanuu akka araramanuuf dirqisiisu; akka lubbuun namaa hindabarreef duulli ykn walitti bu'insi gosaafi uummata jidduutti hinuumamne gochuun araaraaf akka taa'an godhu.

Yaada olitti ibsamerraa akkuma hubatamu, siiqqeen jaarmiyaa araaraa tahuun akka uummata keessatti tajaajila guddaa kennaa turtedha. Akka aadaa Oromooti walitti bu'insi guddaan uumamee duulli guddaan yoo ka'e walitti bu'insa kana dhaabuuf dubartootni gaheefi mirga guddaa akka qabaniifi sodaafi mamii tokko malee siiqqee qabatanii ilaalcha waraanaan wal fixuu kana gidduu yoo seenan warri wal waraanaa jiran abbootiin duulaa meeshaa waraanaa harkatti qabatan gadi garagalchuun akka dhaabanidha. Hayyoonni jidduu galuun qabbana buusuun rakkichi fala akka argatu godhu. Kunis ulfina hawwaasni siiqqeef qabu kan argisiisudha.



Dubartoota siiqqee qabatanii dhaabbatan,
dhiironni yeroo dhiifama gaafatan

Joornaalii Dilbii, Adoolessaa-Mudde 2024, 2(2), 1-16

4.4 Beera Kalaalee

Berri kalaaleen dubartii mana dhaabbattee bultii keessa turteefi muuxannoo jiruufi jireenyaa qabdu taatee, kan wagga 40 ilmashii geessee ilmi ishee gadoomedha. Umrii kanatti ijoolleen ishee aangoorra waan jiraniif sadarkaa ijoollee isheetiif gorsa laattudha. Kan gahe fuusistee kan geesses sadarkaa itii heerumsiistedha. Akkasumas, jireenya hawaasummaa keessatti yeroo bal'inaan hirmaattudhas. Dhimmoonni isheen keessatti hirmaattus du'a ga'ii/ warra du'aa deemuu, kan dhukkubsate gaafachuu, kan dahe eebbisuu, kan wal-lole araarsuu; afooshaalee adda addaa keessatti hirmaachuudha. Akkasumas, berri kalaaleen ijoolleen isheen bakka qabsiiste bakka jirani yeroo ayyaanota garaagaraatti gumaata qabatanii yeroo itti dhaqan waan ta'eef nigammaddi. Berri kalaaleen sadarkaa kanatti yeroo jireenya mo'achuuf oliifi gadi fiigdu osoo hintaane yeroo itti jireenya tasgabbaa'aa jiraattudha.

Walumaagalatti ragaan afgaaffiin argame kan ibsu, berri kalaalee kan muuxannoo jireenyaa hedduu qabdu, gorsituufi qajeelchitu tahuudha. Sadarkaa boqonnaa qabaattee jireenya tasgabbaa'aa jiraattuufi kan dabe qajeelchitudha. Akkasumas, hirmaannaa hawaasummaa bal'inaan kan hirmaattudhas.

Aliimaa J.

4.5 Obboleettii

Obboleettiin kan nama Gadaa qabatu waliin dhalatte, kan namni tokko waahila waliif ta'eefi seera aadaan kakuu obbolummaa seenedha. Dhalootaanis, obbolummaan intala wasiilaa, kan adaadaa yookan eessumaa ta'uu danda'a. Warri obbolaa dhalootaafi kakuu seeraa jifuu warra qabaniifi jifuus guutuu danda'anidha. Bakka obboleettiin haadhoon hinjirretti dubartii waahila ta'eefitu akka obboleettiin tajaajilti. Seera adda addaa illee isheetu guuta; seerri kunneen gaafa guutan hangafaafi quxisuudhaan deemu. Gaafa obboleessi buttaa qalee gadoomus tahee gaafa fuudhu seeraafi jifuu aadaa kan guuttudha.

Akka hirmaatotni marii garee ibsanitti, obboleettiin gaafa obboleessi ishii gadoomu gumaata fiddee gabbisti; shaashii marteeffii, gurra urtee seera guuttiif. Gaafa inni fuudhu ammoo farda kooraa feete eebbistee gaggeessiti. Erga galees eebbistee fardaa garbuu laateeffii kooraa irraa hiiktee gooranatti galchiti. Kun seeraafi gahee obboleettiin. Obboleettiin yookiin waahelli yeroo obboleessi gadaa qabatu fororsaa(cuukkoo), jifuu (nyaataafi dhugaatii garaa garaa qabattee) jifuu hundaa guutti.

4.6 Haadha Ateetee

Ateeteen ayyaanota Sirna Gadaa keessatti raawwataman keessaa isa tokkodha. Akka

Joornaalii Dilbii, Adoolessaa-Mudde 2024, 2(2), 1-16

hirmaattuun afgaaffi ibsitetti, haati ateetee dubartii ateetee bulfattudha. Akka sirna Gadaatti, ayyaanni ateetee ayyaana sanyiifi walhormaataa kan haati ateetee waggaa lamatti altokko ayyaaneeffattudha. Yeroo ayyaaneeffattu kanas uffata aadaa uffachuudhaan caaccuu, callee, okoleefi saardoo qabachuudhaan laga bu'anii bishaan waraabu. Bishaan lagaa waraabanii galan sanaan immoo marqaa yookiin qincee qopheessuun dhadhaa itti naquun saardoo cuuphanii, haati ateetee itilleerra diriirfattee taa'uudhaan facaafattee maatii isheefi horii isheetiif Waaqa kadhatti jechuun ibsiteetti.

Yeroo kadhatus dubartootni kalaaleen yookaan facaastuunis gahee niqabu. Gaheen ayyaana ateetee kana keessatti qabanis guyyaa haati ateetee isaan barbaaddurraa kaasani maal gochuu akka qaban beekuun gara mana haadha ateetee bulfattu deemu. Kanaan booda dubartootni kun baay'inni isaanii lamaa hanga afurii kan hincaalle ayyaanicha bareechuu keessatti gahee qabu. Gaheen isaan qabanis haatii ateetee guyyaa jala bultii irraa kaastee diinqa hinbaatu waanta'eef facaastuu yookaan dubartootni kalaalee kun dubartoota kanaan dura ateetee bulfatan kadhachuun malkaa bu'anii okoleedhaan bishaan waraabanii galu. Sanaan booda haati ateetee ajaja kenniti. Dubartootni sun tokkoon isaanii akkaataa

Aliimaa J.

waliigaltee isaaniin hanga sagantaan ayyaana ateetee jalqabamee xumuramutti dubartiin tokko achii deemuu hindandeessu. Sababni isaas namni biraa meeshaa ateetee tuquu hindanda'u waan ta'eefidha. Dubartootni kunniinis gara mana ofiitti yeroo galan waan ayyaana ateeteetiif hojjatame sana keessaa nyaataafi dhugaatii fudhatanii galu.

4.7 Beera Cifiree

Beerri cifreen kan abbaan warraa gadamojjii ta'eefi kan lagu arguu dhaabde ykn kan da'umsa dhaabdeefi beera jedhamuun beekamtudha. Warra gocha kamirraayyuu bilisa ta'an warra qulqulludha. Waan hundaa dabarsanii yerootti aadaafi duudhaa barsiisaniifi eebba kennanidha. Beera cifiree dubartoota kaanirraa kan adda taasisu hojii shanachi hojjatu hunda keessatti hirmaachuu danda'uu isheeti. Rifeensi mataa isaanii kan aaddatanidha. Sadarkaa kanatti rifeensa mataa isaanii hindhahatani; nifilatu. Umrii kanatti rifeensa mataasaanii yoo dhahatan akka safuutti lakkaa'ama.

Bakka beerri cifreen hindhiyaannetti tumaan Gadaa guutuu ta'uu hindanda'u. Beerri Cifreen Gadaa oofkalchite qananii shanachi abbaa gadaa qabu hunda qabdi. Shan ta'anii tumaa Gadaa guutuu taasisu. Shanacha taatee dhugaa dubbattee araarsuu dandeessi.

Joornaalii Dilbii, Adoolessaa-Mudde 2024, 2(2), 1-16

Yaada kanarraa kan hubannuu, akkuma warri dhiiraa gadamojjii tahananii dhimma Gadaa keessaa bahan, beerri cifirees bahuu isaaniiti. Sadarkaa itti soorama bahanii kunuunfamanidhas. Bakka araara buusuufi nagaa eegsisuutti qofa kan argaman tahuudha. Sababiin isaa sadarkaa kanatti qulqulluu waan ta'aniifidha. Akkasumas, umriin kun sadarkaa itti dhugaa dubbatanii dhugaa qajeelchan ta'uu agarsiisa. Walumaagalatti, qaaccessa ragaalee oliirraa hubachuun akkuma danda'amu, dubartootni sirna Gadaa keessatti sadarkaa umrii garaagaraafi caasaa Gadaa adda addaa keessatti gahee isaan taphatan olaanaa ta'uun hubatameera.

5. Argannoo

Qaaccessa ragaalee garaagaraarraa hubachuun akka danda'amu argannoowwaan asiin gadii ifoomaniiru.

- Uummatni Oromoo bulchiinsa Sirna Gadaa keessatti dubbartootaaf iddoo guddaa kennaa akka tureefi sirna Gadaa mataan isaayyu utubaa lamarratti jechuunis dhiiraafi dubara irratti kan hundaa'e ta'uu hubatameera.
- Sirna Gadaa keessatti dubartootni Oromoo aangoofi gahee, kabajaafi ulfina mataa isaanii qabu. Seenaa hanga ammaatti beekamu keessatti, uummata akka

Oromootti dubartootaaf kabajaafi gahee kennu hagas mara kan hinmullanne ta'uu hubatameera. Kanaaf, sirna Gadaa keessatti sirni siiqqee dubartootaaf aangoofi mirga olaanaa kenna; karaa maalummaa isaaniis kan ibsatan akka ta'e ibsameera.

- Sirna bulchiinsa Gadaa keessatti, akkuma dhiironni bokkuu qabatani, dubartootnis siinqee qabatani siyaasaafi nagaa buusuu keessaatti ga'ee guddaa qabu. Dubartootni akkuma warra dhiiraa gahee akka qaban, hayyichi alangeen, bakkichi bokkuun akkuma seera muru, dubartiin immoo siiqheen murti. Walumaagalatti, ulfinni bokkuu, kallachaafi caaccuuf kennamu siiqqeeffis haaluma kanaan akka kennamu bira ga'ameera.
- Gama biraatiin, ulfinni siiqqee ulfina haati qabduun kan madaalamu waan taheef seera ikkeefi safuu sirna Gadaa dubartiif kennuun kan murtii seeraa qabdudha. Kana malees, abbootiin duulaa gara waraanaatti yeroo socho'an siiqqee jala hulluuqanii ofkaltiin deemu. Kanaafuu, siiqheen bakkee walitti bu'insiifi hammeenyi jirutti akkuma bokkuu soda tokko malee lola jidduu seenuudhaan gochi hammeenyaa akka hinraawwanne daangaa ta'uun walitti bu'insi akka dhaabbatu kan taasisan ta'uu addeeffameera.

- Adeemsa bulchinsa Sirna Gadaa keessatti, dubartootni hirmaannaafi ga'ee akka hinqabne kan dubbatamu hubannoo waa'ee sirna Gadaaf qaban muraasa ta'uu ykn kan hinjirre ta'uu argannoon qorannichaa mulliseera.

6. Goolaba

Uummatni Oromoo uummata maalummaa aadaa, seenaafi duudhaa abbootiisaa beekke, faayidaasaa hubatee maalummaafi gahee haadhooliin hawaasa keessatti gama siyaasaan, dinagdeefi hawwaasummaan akkasumas, sirna Gadaa keessatti qooda guddaa kan qabduufi dura kan adeemtu ta'uun bira ga'ameera. Walqixxummaafi gahee dubartootni hawwaasa keessatti qaban akkuma addunyaattu gadaanaa akka turee beekamaadha. Kan Oromoo garuu faallaa kanaan kan ture ta'uu qorannoon kun ifoomseera.

Sirna Gadaa keessatti dubartiin mallattoo eebaa, araaraafi hormaataati. Kanaaf, sirna Gadaa keessatti dubartootni yoo keessa hinjiraanne guutuu hintahu. Sagantaan eebaa raawwii Sirna Gadaa keessatti isa ol'aanaadha waan ta'eefidha. Hirmaannaa dubartoota kan calqqisiisu kan biraa, dubartootni seera qabeessummaafi qajeelummaan bulchiinsa Abbaa Gadaa hordofuu isaaniti.

Aliimaa J.

Walumaagalatti, dubartootni lafee dugdaa waan ta'aniif kabajamuufi bakkee kam keessattiyyuu isaan malee milkaayinni akka hinjirre ibsameera. Sirna Gadaa keessatti dubartiin mallattoo eebaa, araaraafi hormaataati. Kana malees, Sirna Gadaa keessatti dubartootni yoo keessa hinjiraanne guutuu hintahu. Hirmaannaa dubartoota kan calqisiisu kan biraa, dubartootni seera qabeessummaafi qajeelummaan bulchiinsa Abbaa Gadaa hordofuu isaaniti. Walumaagalatti, dubartootni sirna Gadaa keessaatti ijoollummaa qabanii hanga umrii harreegummaatti akka keessaatti hirmaatan ta'uun ibsameera.

Kanaafuu, qorannoo kanaa keessatti uummatni Oromoo uummata maalummaa aadaa, seenaafi duudhaa abbootiisaa beekke faayidaasaa hubatee maalummaafi gahee haadhooliin hawaasa keessatti gama siyaasaan, dinagdeefi hawwaasummaan akkasumas, sirna Gadaa keessatti qooda guddaa kan qabduufi dura kan adeemtu ta'uun bira ga'ameera. Uummanti Oromoo seera bulchinsa ofiisaatii ijaarratee, meeshaalee ulfoo adda addaa uumamaafi namtolcheen argamanirraa kaalaqatee aadaa abbootasaa kunuunsuudhaan dhaloota haaraatti karaalee adda addaan dabarsataa tureera.

Haata'u malee, akka ragaaleen qorannoo kanaa ibsanitti, walqixxummaafi gahee dubartootni

Joornaalii Dilbii, Adoolessaa-Mudde 2024, 2(2), 1-16

hawwaasa keessatti qaban akkuma addunyaattuu gadaanaa akka turee beekamaadha. Kan Oromoo garuu faallaa kanaan kan ture ta'uu qorannoon kun ifoomseera. Walumaagalatti, dubartootni lafee dugdaa waan taateef kabajamuufi bakkee kam keessattiyyuu isaan malee milkaayinni akka hinjirre beeknee dubartootaf kabaja laachuun murteessadha.

Wabiilee

Alamaayyoo Hayilee (2007). *Sirna Gadaa; Siyaasa Oromoo Tuulamaa*. Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaa: Maxxansa Lammaffaa: Finfinne.

Asmerom Legese (1973). *Three Approaches to the study of African society*. New York. Macmillan Publishing Co.Inc.

Duulaa Kafanaa (2017). *Xiinxala Adeemsa Sirna Gadaa Oromoo Iluu Abbaa Booraafi Haala Haaromsa Isaa*. OS. Jimma university.

Gadaa Melba (1988). *An Introduction to the History of The Oromoo People*. Minneapolis: Minnesta.

Dirribii Damusee (2012). *Ilaalcha Oromoo: Barroo Amantaa Sirna Bulchiinsaafi Seenaa Oromoo*. Oromiyaa: Finfinnee.

Aliimaa J.

Joornaalii Dilbii, Adoolessaa-Mudde 2024, 2(2), 1-16

- Fiixee Birrii (2013/2006). *Seenaafi Aadaa Oromoo*. Finfinnee: Mana Maxxansaa EECMY- Misirach Dimts Finfinne.
- Filee Jaallataa (2016). *Beekumtaa Oromoo I (Oromoo Folklore)* Finfinnee mana maxxansa Raajii.Finfinnee Oromiyaa.
- Filee Jaallataa (2016) *Beekumtaa Oromoo I (Oromo Folklore)*. Finfinnee. Mana Maxxansaa Raajii.
- File Jaleta (2017). Include the Exclude: The Status and The Role of Women in The Oromoo Gadaa Institution. *Gadaa Journal Vol 1. No1. <https://www.Jo.Edu.Et/gj>*.
- Getu Assefa (2015). *Description and Documentation of Ateetee Ritual*. Addis Ababa. Ethiopia.
- Leellisaa Aadaa Bantii (2013). *Kudhaama Seena. Seena, Eenyummaa, Aadaa, Amantiifi Duudha*.
- Muhaammad Sayid (2004). *Seenaafi Qabsoo Oromootaa*. HY International Oromoo. *ELLENI P.P.PLC*.
- Temam Hajiadem Hussein (2019). Atete: A Multi-functional Deity of Oromo Women with Particular Emphasis on Human Rights and Conflict Resolution Management. *Current Research Journal of Social Sciences*: Vol. 02, No. (1) 2019, Pg. 15-30.
- Taayyee Tasfaayee (2008). *Xiinxala Sirna Raawwii Araaraa Gondoоро Danuu: Kan Hawaasa Oromoo Gujii Aanaa Oddoo Shaakkisoo*. (Kan Hinmaxxanfamne).